# Wanti nama macheessu hundi haraama

Abuu Burdaan, Abbaa isaa Abuu Muusaa Al-Ash'arii irraa odeessee -Rabbi isa irraa haa jaallatu- Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gara yamanitti isa erganii, dhugaatii achitti hojjatamu irraa, maali isiin? jedhanii isa gaafatani, innis, «Bit'ii fi Mizriidha» jedhe, achumaan Abuu Burdaadhaan, bit'iin maali? jedhameen, innis "Bulbula dammaati, Mizriin immoo: bulbula garbuuti" jedhe, Isaanis ni jedhani: «wanti macheessu hundi haraama». Bukhaariitu gabaase. Muslimis jecha akkas jedhu kanaan gabaasee jira, ni jedhe: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Anaa fi Mu'aaziin gara yamanitti nu erganii jennaan, ani akkana jedheen: yaa ergamaa Rabbii! dhugaatiin wohii kan biyya keenyatti godhamu, kan mizrii garbuu irraa ta'e isaan jedhamuu fi Bit'ii damma irraa ta'e kan isaan jedhamutu jiran, isaanis ni jedhani: «Wanti macheessu hundi haraama». Gabaas muslim biraatiin: Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkas jedhani: « wanti macheesse Salaata irraa (wallaalchise) hundi haraama». Akkasuma gabaasa isaa kan birootiiniis: «Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jechoota walitti qaboo ta'an xumura bareedaa waliim dhugumatti kennamanii jiru, akkas jedhani: "waan salaata irraa macheesse hunda irraan dhoorga».

[sirrii] [رواه البخاري ومسلم]

Abuu Muusaa Al-Ash'ariin -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gara yamanitti isa erganii jennaan, dhugaatii achitti hojjatamu, inni haraamaa? jedhee gaafatee jennaan, isaanis deebisanii isa irraa gosa isaa akka adda baafatan hima. Abuu Muusaanis -Rabbi isa irraa haa jaallatu- akkas jedhe: isiin bit'ii dha: bulbula dammaati, Mizriidha: bulbula garbuuti. Nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- jechoota wolitti qaboo ta'an, jechoota gabaaboon ergaa hedduu waan hedduu of keessatti qabatu dabarfachuu kennamani jiru waan ta'eef akkas jedhani: «Wanti macheesse hundi haraama».

https://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/66536